# Talaallii COVID-19 Johnson & Johnson: Waan Beekuu Qabdan

## BARREEFFAMA

[muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

**Talaallii COVID-19 Johnson & Johnson: Waan Beekuu Qabdan**

Wiirtuuwwan To'annaa fi Ittisa Dhibee (CDC)n talaallii COVID-19 Johnson & Johnson irra talaalliiwwan COVID-19 (Pfizer fi Moderna)n akka kennamuuf yaada gorsaa kenna.

**Yaadonni gorsaa maaliif fooyyeffaman?**

Ekispartoonni rakkoon itituu dhiigaa darbee darbee talaallii COVID-19 Johnson & Johnson booda mudatu du'aatii muraasa qaqqabsiisuu adda baasan. Kunis darbee darbee kan mudatu yoo ta'u, baayyee hamaadha, talaaliiwwan balaa kana fakkaatu hin qabne biroon garuu ni jiru. Ekispartoonnis Johnson & Johnson attamiin akka hojjatuufi nagummaa isaarratti erga qorannoo jiru xiinxalaniin booda gorsawwan fooyyessan. Isaanis nagummaa talaaliiwwan hundaa xiinxala itti fufuun, yoo barbaachise, qorannoo sanarratti hundaa'uun gorsawwan isaanii ni fooyyeessu. Miidhaawwan maddeen hin baramne ykn hin eegamne darbee darbee mudatan ciccimoon ni ilaalamu, tarkaanfiinis ni fudhatama, akkasumas namootaaf odeeffannoon ni kennama.

**Talaallii Johnson & Johnson dura talaalameera yoon ta'e hoo?**

Erga talaallii Johnson & Johnson waraanamtaniin booda ji'aan ol taanaan rakkinni itituu dhiigaa darbee darbee uumamu isin mudachuu hin danda'u. Yoo ji'a tokkoo gadi isinirra ture, mallattoolee kanniin ofirratti eegaa:

- Hafuura kutaa
- Dhukkubbii laphee
- Miilli dhiita'uu
- Dhukkubbii garaa/garaachaa namarraa hin deemne
- Mataa bowwuu hamaa ykn mataa bowwuu namarraa hin deemne
- Ijji barariisuu
- Gogaa bakka talaalamtanii jalli salphaatti fofolloquu ykn dhiigni xiqqoon mul'achuu

Erga talaallii fudhattaniin booda mallattoowwan kanneen keessaa kamuu yoo qabaattan, yerosuma gargaarsa wallaansaa barbaaddadhaa. Akka talaallii Johnson & Johnson amma fudhattan dhiyeessaa kunuunsa fayyaatti himaa. Talaaliin COVID-19 Johnson & Johnson dhibee hamaa COVID-19n  dhukkubsachuu namarraa ittisa; haata'u malee, namoonni talaallii Johnson & Johnson tokkicha fudhatan ammallee erga kan jalqabaa fudhanii ji'a lamaan booda odeeffannoo haaraa argachuu fi talaallii humneessituu (booster) fudhachuu qabu. Talaallii humneessituuf Pfizer ykn Moderna gorfama.

**Talaallii kan biraa fudhachuun qabaa?**

Talaalliin keessan jalqabaa Johnson & Johnson yoo ta'e, talaallii gara biraa jalqabuun isin hin barbaachisu. Yoo talaallii humneessituu Johnson & Johnson fudhattanii jirtu ta'e, talaalliin dabalataa isin hin barbaachisu.

**Yoon barbaade ammallee talaallii Johnson & Johnson argachuu nan danda'aa?**

Talaalliin isin barbaaddan talaallii COVID-19 Johnson & Johnson yoo ta'e, ammallee argachuu ni dandeessu. Erga talaalamtanii booda namni kamuu itituu dhiigaa darbee darbee uumamu akka isa mudachuu danda'u hubadhaa. Haa ta'u malee, dubartoota umuriin isaanii 30 hanga 49 gidduu jiran irratti yeroo hedduu kantaruu dhiigaatu mul'ata.Waa'ee talaallii fi balaawwan mudachuu danda'anii dhiyeessaa talaallii keessanii waliin haasa'aa.

Talaalliin mala ofii keessanii fi namoota biroo COVID-19 irraa ittiin eegdan isa hunda caaludha. Yoo kan hin talaalamne ta'e, dhiyeessaa tajaajila fayyaa keessaniitti dubbadhaa ykn talaalamuuf bakka dhiyeenya keessanitti argamu barbaadaa.

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

2/4/22 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa: 651-201-4989*